# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII KITAABA ASOOSAMA KUDHAAMA JAALALAA

MAQAA QORATTUU: MAARAMEE GURMUU

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII KITAABA ASOOSAMA KUDHAAMA JAALALAA

MAQAA QORATTUU: MAARAMEE GURMUU

GORSAAN: AMAANU’EEL ALAMAAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

## Galata

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee, sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan gorsaakoo Amaanu’eel Alamaayyootiif(PhD) galanni koo guddadha. Akkasumas, abbaakoo obbo Gurmuu Fufaa, harmeekoo aaddee Bashaatuu Ahimadiifi hiriyootakoo mara jalqabaa kaasanii hanga dhumaatti wantoota na barbaachisan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa naafgodhaan guddaan galateeffadha.

## *Axereera*

*Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun xiinxaluu yoo ta'u, qorannaan baay'een ogafaan Oromootiin gaggeeffaman, ogbarruun barreeffamaa Oromoo garuu, xiyyeeffannoo waan argate hinfakkaatu. Xiyyeeffannoon ogbarruu Oromootiif kennamu dhabamuun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisus xiyyeeffannaa dhabuu danda'a. Kunis dhimma fayyadama afaanii waan ta'eef. Keessumaa akkaataan barreessaan tokko afaanitti fayyadamu sirna barumsaaf ka'umsa godhachuun kan dhihaateedha. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaa keessaa iddattoo akkaayyootti fayyadamuun mala mit carraatiin filamee jira. Iddattoo kanaan funaanufis mala ibsaa fayyadamuun qaacceffameera. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa barreessaan afaan inni fayyadame: malleen dubbii, gosa gosaan akkaataa qabiyyee ergaa isaan dabarsanirratti hundaa'uun kaa'eera. Itti aansuunis, fayyadamni jechootaa, jechoota filatamoo, jechamoonniifi mammaaksonni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa ni taasisu. Akka ciminaatti kan kaawamu, jechoonni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii sirriiti kan hawasasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'uu isaati. Akkasumas haala yeroo isaa wajjin walqabachuun jechoota filatamoo barreessaan asoosama kanaa itti gargaarame ciccimoofi sirriitti nama ibsuu danda'anitti gargaarameera. Akka dadhabinaatti kan ilaalaman ammoo, barreessichi darbee darbee sirna tuqaaleefi dogoggora qubee akkasumas, jechoota safuu hin eeggannetti gargaaramuu isaa mul'ateera. Akka furmaataatti kan kaa'ame, seenaa, aadaafi duudhaa, amantiin fayyadama jechootaa barreessaan waan dhihaataniif osoo gumii dagaagina ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barattoota hirmaachisan barumsa dabarsuu danda'a. Barreessaan asoosama isaa keessatti qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu irratti xiyyeeffannaa osoo kenne gaariidha. Akkasumas, jechoota filatu keessatti jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaarame aadaa fayyadama afaanichaa babal'isuu danda'a.*

# Baafata

Qabiyyee Fuula


Galata ............ i

*Axereera* ............ ii

Baafata ............ iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ............ 1

**1.1. Seenduubee Qorannichaa** ............ 1

1.2.Ka'umsa Qorannichaa ............ 2

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ............ 4

1.4 BarbaachisummaaQorannichaa ............ 5

1.5. Daangaa Qorannichaa ............ 5

1.6 Hanqina Qorannichaa ............ 5

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ............ 6

2.1. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti ............ 6

2.1.1 Fayyadama Jechootaa ............ 6

2.1.2MalleenDubbii ............ 9

2.1.3 Gosoota Malleen Dubbii ............ 11

2.1.3.1. Akkasaa ............ 11

2.1.3.2.Iddeessa ............ 12

**2.1.3.3. Nameessa** ............ 13

2.1.3.4.Arbeessaa ............ 13

2.1.3.5.Fakkoommii ............ 14

2.1.3.6.Eemitii ............ 15

2.1.3.7.Walqabsiisa ............ 16

2.1.4.Mammaaksa ............ 17

BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA ............ 18

Seensa ............ 18

3.1. Saxaxa Qorannichaa ............ 18

3.2.Mala Qorannichaa ............ 18

3.2 1. Irraawwatama Qorannichaa ............ 19

3.2.2. Madda Ragaa Qorannichaa ............ 19

3.2.3. Iddattoo Qorannichaa ........ 19
3.2.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 20
3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee ........ 20
3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 20
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA DHIYEESSAAFI HIIKA RAGAALEE ........ 21
4.1. Ibsa Gabaabaa Asoosamichaa ........ 21
4.2. Dubbiiwwan Haalawwaa Barreessichi Itti Fayyadame ........ 22
4.2.1. Akkasaa ........ 22
4.2.2.Nameessa ........ 22
4.2.3.Arbeessuu ........ 23
4.2.4.Habalaka ........ 24
4.2.5.Mithee ........ 24
4.3. Itti Fayyadama Jechamootaa ........ 25
4.4. Fayyadama Mammaaksotaa ........ 27
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO ........ 29
5.1.Cuunfaa ........ 29
5.2. Arganno ........ 29
5.3. Yaboo ........ 29
Wabiilee ........ 30
Waraqaa Mirkaneeffannoo ........ 33

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan tajaajla hawaasaa keessatti gahee olaanaa qaba. Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee kan namoonni iddoowwan gara garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. Dhimma kana ilaalchisee Hudson (1996:230) yoo ibsu, "The social functions of language are the ways in which we use language to give our view ofour relationships to other people." Jedha. Akka yaada kana irraa hubanutti afaan tajaajila hawaasa keessatti karaa yaada keenyaa ittiin ibsanuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu ittiin cimsanuudha.

Afaaniin gochaawwan sammuu isa guddaa ta'uun waa'ee achii as dhufaatii keenyaa maal akka taane, akka namtokkeetti, akka hawaasaatiifi akka aadaatti kan nuti ittiin of ibsiinuudha. Fayyadama afaanii iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaa garummaa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan fayyadama afaanii ilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa'ee garaa garummaa looga fayyadamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama. Namoonni haala jireenya isaanii irratti hundaa'anii fayyadama afaanii kanneen akka:bakka daldalaa, waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree lolaa, dirree siyaasaa, mana amantaa, mana nyaataafi dhugaatii,mana murtiifi kan kana fakkaataan keessatti haala garaa garaatiin afaanitti fayyadamu barbachisaadha.

(Clark:1996, Fishman: 1971, Walff: 2000). Dhimmi afaan keessaa hafe hin jiru: kallattiinis ta'ee alkallatiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaanirratti ijaarame. Daangaan hubannoo dubbataa afaan tokkoo murtaawaa ta'uyyuu, afaan waamara. Haaluma kanaan hawaasni gosa hojii garaa garaatti bobba'ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhaanis ta'ee barreeffamaan walqunnamtii nitaasiisa.

Wal-qunnamtii kana keessatti afaan ergaa ittiin dabarfachuuf gahee guddaa qaba. Kanaafuu haala itti fayyadama irratti ergaa ittiin dabarsuuf faayidaa guddaa qaba. Afaan ilmi namaa wantoota akka ilaalchaa, gochaawwan raawwatamuufi yaada garee walfakkaatu addaa addaa jiddugalagodhachuun akka walii galan taasisa. "Language is to treat as ideology, actional andrelational classification of thoughts and ideas should be taken intoconsideration."Hodge and Kress (1993). Kanumarratti hundaa'ee, afaan iddoowwanii fi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaagarummaa qabaachuu danda'a,(Addunyaa2010). Haala fayyadama afaanii ilaalchisee,

hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irrratti hundaa'ee garaagarummaa afaanii fayyadamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama. Afaan dhimmoota hawaasaa keessatti shoora olaanaa qaba.

Dhimmoonni hawaasaa immoo bakkaafi haala garaagaraatiin raawwatu. Haallaan afaan keessatti dhimma itti baanu beekuufi beekuu dhabuun wal hubachuufi wal quunnamtii irrattii dhiibbaa geessisa.

Afaan Oromoo afaan barreeffamaafi afaan teeknoooojii ta'ee akka tajaajila kennuuf qorannoon gama xiinqooqaatiin geggeeffamu heddu murteessaadha.

Fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtii hawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati.

Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu," Asxaa hawaasaa isa olaanaa" akka ta'etti ibsa. Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsuudha. Kan ittiin adda bahus afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda'a. Fayyadamni afaanii, haala hojiirra ooluun jijjiirama hammatamuufi hawaasni hunduu, afaan akkuma dhimmichatti garaagarummaan fayyadamuudha.

## 1.2.Ka'umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo yeroo dhihoo as afaan qo'annoofi qorannoon adda addaa itti gaggeeffamaa jiruufi sadarkaa afaanota kambiroo irra gahan faana hiriiruun erga jalqabe bubbuuleera. Kun ammoo, guddinni afaanichaa daran saffisaa deemuu isaa kan agarsiisuudha. Haaluma kanaan, afaan irratti qorannoowwan garaagaraa bifa garaagaraan gaggeeffamaa jiru. Irracaalaatti ogafaan adda addaa kanneen akka walaloo, mammaaksa, faaruu, aadaawwan garaagaraa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, amma ani beekutti qorannaan baay'ee ogafaan Oromootiinyoo gaggeeffaman, ogbarruun barreeffamaa Oromoo garuu, xiyeeffannoo waan argate hinfakkaatu. Haaluma kanaan, jiruufi jireenya namaa keessatti afaan dhimmoota hawaasa murteessan keessaa isa tokkoodha.

Dhimmoonni hawaasaa immoo bakkaafi haala garaagaraatiin raawwatu. Kunis, Afaan bakka daldalaa, mana murtii,mana yaalaafibakkeewwan garaagaraatti, barreeffamoota ogbarruu keessatti, asoosamoota keessatti, dirree siyaasaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun

nidanda’ama. Bakkeewwaniifi haallan afaan keessatti dhimma ittibaanu beekuufi beekuu dhabuun walhubachuufi walqunnamtii irratti dhiibbaa geessisa. Namoonni hawaasaa keessatti maaliif bifa garaagaraatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo, gaaffilee bu’uuraa xinqooqa hawaasaa kan ta’an eenyuutu, eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbaachisaadha.

(Clark 1996; Fishman 1971 fi Wolff 2000).Akkasumas, haalli nuti afaanitti fayyadamnu odeeffannoo argachuus ta’e dabarsuu feene irrattihunda’a.Kana jechuun, dhimmoonni barreeffamaanis ta’e dubbiidhaan dhiheessinu gahumsa nuti fayyadama afaanichaa irratti qabnutiin murtaa’a.

Afaan dubbii kan jennu barreeffamaan osoo hintaane dubbiin yookaan mallattoon namni itti waliigalu kan agarsiisuudha. Karaa biraa, fayyadama jechoota al idilee jechuudha. Afaan barreeffamaa kan jennu ammoo, isa hawaasni dubbiin yookaan mallattoon gargaaramu bifa barreeffamaan itti gargaaramnuudha. Kana ilaalchisee Geetaachoo (2011) akka ibsetti, “Jechoonni idilee jechoota waalta’aniifi dhaabbilee yookaan waajjiraalee adda addaa keessatti itti fayyadamnuudha.” Kana jechuun, jechoonni kun kan namoota baay’eefi bakkeewwan baay’eetti itti tajaajilamnu, kan beekaman jechuu agarsiisa. Kanaaf, afaaniinis ta’e barreeffamaan yeroo ergaa dabarfannu ergaan keenya haala adda addaa keessatti hawaasa biratti yeroo ilaalamu hiika adda addaa qabaachuu danda’a.

Afaan barreeffamaa keessaa ogbarruun dhugaa hawaasaa keessa jiru akkuma jirutti waraabuun kan dhihaatu miti. Fakkeessuun, mi’eessuun, haala nama ofitti hawwatuun dandeettii dhuunfaa barreessaa irratti hundaa’uun kan dhihaatuudha. Akkasumas, hawaasni tokko ogbarruu mataasaa akkaqabaatu godha.Haala walfakkaatuu, hayyuun Brumfit fi Carter(1996) yoo ibsan, “Biyyoota guddachaa jiran keessatti ogbarruun sirna barnootaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaatiif gahee olaanaa qaba.” jedhu. Kunis, asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko waan ta’eef, akkaataa fayyadama jechootaa eessatti argamuufi qabiyyeen isaa barnoota afaanichaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaaf gahee olaanaa gumaacha.

Asoosamni qaama ogbarruu keessaa tokko ta’ee jiruufi jireenya namaa, iccitii hawaasa tokkoo,haala ittiin bulmaataa kan ittiin ifa baasuudha. Barreessaan tokko hojii isaa keessatti

qabiyyeewwan adda addaa makuun kan barreessu, muuxannoo seenaa dhugaa fakkeessuun kan ibsuufi namootas bohaarsaa barumsa dabarsuudha. Kanaaf, egaa hojii kalaqaa tahee dhugaan hawaasicha keessa jiru haala jiruufi jireenya hawaasichaa daawwitii ta’ee kan agarsiisuudha. Kunis, barreessaan asoosamaa dhugaa inni ka’umsa godhatee barreessu jechootaafi yaadota inni qindeessee ittiin miidhagsee haala miira dubbistootaa harkisuu danda’utti mi’eessee barreessuudha. Kunis akkaataa afaanitti fayydamuuni.

Barreessitoonni asoosamaa adda addaa kaayyoo mata mataa isaanii irratti hundaa’anii waan barreessaniif fayydama afaanii irratti xiyyeeffannoo kennu. Ittidabaluunis, dubbisaan tokko haala galumsa barreeffama asoosichaa hubachuu kan danda’u akkaataa fayyadama asoosichaa keessatti tajaajilu ergaa isaa addaan baasee yoo hubate qofaadha.

Xiyyeeffannoon qorannoo kootis itti fayyadama afaanii irratti yoo ta’u, kunis asoosama Kudhaama Jaalalaa jedhu keessatti fayyadama afaanii barreessichaa bu’uura godhachuun qaaccessa. Kunis, xiyyeeffannoo gama kanaan jiru gadi bu’uu danda’a yaaddoo jedhu waan sammuukoo keessa jiruuf. Kun ammoo, sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisu xiyyeeffannaa dhabuu danda’a. Keessumaa akkaataa barreessaan tokko afaanitti fayyadamu sirna barumsaatiifis ta’e kitaabilee isa booda barreeffamaniif gumaacha qabaachuu danda’a. kanaafuu, qorannoo kanarratti gaggeessuuf kan kakaase asoosama ‘kudhaama jaalalaa’ keessatti fayyadama afaanii dhihaate xiinxaluun gumaacha oliitti tuqaman taasisuu danda’a. Kanamalees, gara fuula duraatti xiyyeeffannoon barreesitootaafi dubbistoota ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti akka xiyyeeffatan gochuu danda’a. kanarraa ka’uun, xiyyeeffannoo hojii barreessaa Abrahaan Jaalataa fayyadama afaanii asoosama isaa irratti gaggeessuufkakaate.

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, asoosama kudhaama jaalalaa gama fayyadama afaaniin qaacceessuu.

Kaayyoon gooreen qorannichaa ammo akka kanaan gadiiti.

1. Fayyadama afaanii asoosama kudhaama jaalalaa keessatti argaman ibsuu.

2. Ergaa fayyadama afaanii asoosamicha ibsuu.

### 1.4 BarbaachisummaaQorannichaa

Hojiin qorannoo kanaa erga raawwateen booda, bu’aalee armaan gadiinigumaacha jedhameet amanama.

-Qorataa biraatiif akka ka’umsaatti tajaajiluu danda’a.

-Faayidaa fayyadama afaan tokkoo baruufi barsiisuu keessatti dagaagsuufi.

-Ergaa fayyadama afaanii asoosama kudhaama jaalalaa ifa baasuufi.

-Fayyadamni afaanii malleen dubbiitiin akkamiitti akka dhimma ba’an dhaloota boodaa barsiisuuf iddoo olaanaa qabaachuu isaa.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokkoof daangaan barbaachisaadha. Qorannoon daangaa hin qabnee qorannoo guutuu ta'uu dhiisuu danda'a. kanaafuu qorannoon kun kan inni ittiin dangeeffame qaaccessa itti fayyadama afaanii kitaaba asoosamaa Kudhaama Jaalalaa Abiraam Tasfaayeen barreeffame irrattidha. sababni qorannoon kun dageeffameefis kallattii garaagaraan baay'isanii hojjechuun waan altokkon qorachuun ulfata sababa ta'eefi**.**

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuu keessatti rakkoowwan akka hanqinaatti na mudatan keessaa inni jalqabaa kitaaba qorannoo kanaa barbaachisan gahaatti dhabuudha. Ta’us kitaabilee argamanitti gargaaramuun qorannoo kana geggeessuu danda’eera. Hanqinni lamaffaan immoo yeroo gahaa dhabuudha. Haata’u malee yeroo kenname keessatti qorannoo geggeessee xumuruuf carraaqeera.

# Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu

## 2.1. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti

Jiruufi jireenya dhala namaa keesssattis ta’e barreeffama keessatti fayyadamni afaanii barbaachisaadha. Dhalli namaa yaada waljijjiiree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammoo, haala dubbiifi barreeffamaan nugargaaruu danda’a. Akkasumas, fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasaa waliin qaban kan agarsiisu fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtii hawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati.

Fayyadama afaanii yoomessa murtaa’e tokkotti ragaa baay’ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Walff (2000) “Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf gaaffilee xiinqooqa hawaasaa walqabatan kaasuun hubachuun danda’ama” jedha. Kana jechuun, afaan hawaasni fadayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuu danda’amu kan mul’isuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu,” Asxaa hawaasaa isa olaanaa” akka ta’etti ibsa. Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsuudha. Kan ittiin adda bahus afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda’a.

### 2.1.1 Fayyadama Jechootaa

Barreeffamni tokko haalaan qindaa’ee hiika akka kennu gochuuf,akkasumas miira dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessoodha. Jechootni kunis bifa garaagaraan hima yookaan barreeffama keessatti argamuu danda’u. Isaan kunis, hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaa, hiika sirriifi dhokataa akkasumas, bifa jechamaan ta’uu danda’u. Barreessitoonni tokko tokko naa ta’a jedhanii jechoota kalaqaniiyoo barreessan nimul’atu. Jechoonni kun barreessaafi dubbisaa gidduutti walhubannaa gaarii qabaachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dubbistoota isaa biraan gahuuf jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Bareessaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaa yookaan jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'ina jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuu dhiisuu danda'a.

Haaluma kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti gargaaramuu danda'a. Karaa biraatiin, jechoonni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa tahe dabarsuu dhiisuu danda'u. Sirrii yookaan sirrii miti jechuun hin danda'amu. Ergaa guutuu dabarsuu kan danda'an barreeffamicha keessa galaniidha. Sirriifi ta'uu dhiisuu isaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni.

Jechonni akkaataa barreeffama keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Jechi tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonnibakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

Barreessaan asoosamaa yaadasaa dabarsachuu isaatiif akka meeshaatti kan gargaaru afaani. Bu'uurri afaanii ammoo, jechoota waan ta'aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf ammoo qindoomina jechootaafi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaadha. Waan ta'eef, hima tokko dhugummaa qabaachuufi dhiisuuf jechoonni iddoo isaanii yookaan hiriira isaanii qabachuun hima sanaaf murteessoodha. Kanaafidha filannoon jechootaa barreeffama keesssatti barbaachisaa ta'ee kan argameef.

Hojii ogbarruu keesssatti filannoon jechootaa sirriitti kan itti fayyadamuu qabuudha. Jechoonni barreeffama tokko jaallatamoo yookaan jibbamoo godhuu danda'u, barreessaan jechoota yaada sirriitti hin ibsineetti yoo fayyadame, yaadni dabarsuu barbaade utuu hinhubatamin hafuu danda'a. Kanaaf, jechoota sirrii filachuurratti barreessaan kan xiyyeeffachuu qabuudha.

Filannoo jechootaa kunis jechoota hiika kallattii qabanfi jechoota hiika dhokataa qaban jedhamuun bakka lamatti ilaaluun nidanda'ama. Asoosamni qorannaa kanaaf filamees jechoota hiika kallattiifi dhokataa waan qabuufi yaada ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxala gadifageenyaan ergaan isaanii kan hubataman qabu jechuudha. Fakkeenyaaf yaadonni armaan gaditti haa ilaallu;

-Jechoota moggoo jechuun akka aadaa Oromootti kanneen maqaa walfakkaatu agarsiisa. kun ammoo, moggummaa unkaati malee, kan hiikaa miti. "Moggoon kunis walitti dhihaata malee guutummaatti tokko ta'uu hin danda'u. Guutummaatti hiika tokko qabaannaan isaan jechoota garaagaraa ta'uu hin danda'an." Addunyaa(2014). Akka yaada kanaatti jechootni walfakkaatan hiikni isaanii walitti siqan haaqabaatan malee hiika waan tokkoof kenname isa kanbiraaf kan kennamu miti. Kanaaf, hiikni guutummaa guututti tokko yookaan moggaasa waan tokkoof tokko ta'e hinjiru jechuudha. Kanaaf hiika jechootaa irratti barreessitoonni asoosamaa xiyyeeffannoon ilaaluu qaba.

-Jechootni faallaayaada faallaa kan qabaniidha. Yaadonni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda'u. Addunyaa (2014:112) "Jechoonni faallaa kanneenjennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha"Jechoota kanas, karaa adda addaan arguu danda'ama. Isaanis, jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya.Yeroo baay'ee barreessaan barreeffama ogbarruu keessatti haala garaagaraan tajaajilama. Kunis, asoosama keessatti bifa dhokataa ta'een yeroo itti dhimma bahaamuutu mul'ata. Barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota adda addaa waan adda addaaf itti gargaaramuu danda'a. Jechoonni kun kallattiin yookaan alkallattiin waan jedhamuu yookaan waan dabarsamuu barbaadame kan mul'isaniidha. Jechoonni siyaasaa yemmuu barra'an sirriitti ilaalamuu qabu.

-Jechoonni galumsaa ammoo, jechoota haala adda addaan barreeffama keessatti hiika kennuu danda'u. Kunis akkaataa barreessaan ergaa dabarfachuu danda'uun gargaaramuun isaa barreeffama isaa keessatti arguun danda'ama. Haata'u malee, isaan kana dubbisaan dafee hubachuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa, akkaataa bareessaan itti yaadee barreesseefi dubbisaan hubatu tokko hinta'u. Karaabiraatiin jechoonni bakka garaagaraa himas ta'e barreefama keessatti galanii jiraniin hiika galumsaan qabaniin kennu. Akkasumas, akkaataa fayyadamaatiin adda adda ta'uu danda'u. Kunis akkaataa hima tokko keessatti hiika kennuufi akkaataan hima biroo keessa galee hiika kennu garaagara ta'uu danda'a. kunis akkaataa galumsaan ergaa barabaadaame dabarsuudha.

-Jechoota safuu kanneen jennu jechoota afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraaan kan ka'e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hin dhoofne nijira. Jechootni kunneen baratameerraan ka'uun maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalamu. Jechoota safuu ta'an kan hawaasa Oromoo biratti laguu ta'aniidha. Kunis dhoksaan malee ifatti

baasuun hindubbataman. Geetaachoo (2011:34 ) akka ibsutti “Afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraan kan ka’e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hindhoofne nijira. Jechoonni kan barameerraa ka’uudhaan maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalama.” Akka yaada kanaatti jechoonni bakka bu’uu dadhaban osoo hin taane namatti waan hin tolleef akkasumas, jechoonni saalfii sammuu nama dubbatu qofaa keessatti miira gaarii hin qaban. Waan ta’eef, itti fayyadamuun hinbarbaachisu. Kana jechuun, jechoonni bakka bu’uu dadhabana osoo hintaane namatti waan hintolleefi. Darbees, hawaasa itti gargaaramu keessatti akka laguutti waan itti amanamuuf.

-Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal’aaf sammuu namaaa affeeruu jechuun nidanda’ama. Akkasumas, jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Akka rakkoon irra hin geenyeef yaada dhokataan jechootatti fayyadamee waan jechuu barbaade hima. Namni dhaggeeffatu ammoo, haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isaa dhokataa argata. Kanaafuu, hiikni jechamaa hawaasa keessatti beekama. Jechama Oromoos yoo fudhanne waa’ee jechamaa ibsuufi ija hawaasichaan xiinxaluun barbaachisaadha.

Haaluma kanaan asoosama keessatti jechamatti gargaaramuun ergaa barbaachisaa ta’e dhoksaa kanarraa hubachuun nidanda’ama. Kanaaf barreessaan barreeffama isaa keessatti jechama yemmuu gargaaramu ofeeggannoo cimaa isa barbaachisaan. Kana ta’uu baannaan walhubannaa irratti rakkoon uumamuu danda’a.

### 2.1.2MalleenDubbii

Namoonni kan ilaalan, kan dhagahan, kan qaqqaban, kan dhandhaman, sammuu isaanii keessatti wanti fakkii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran, qaama dubbiiti. Malli dubbii haala amala tokko, miira nama biraatiif ykn bineensa biraaf kennuun yookaan walfakkeessuun waldorgomsiisuun dhiheessa. Malli dubbii ogbarruu keessatti karaalee adda addaa fayyadamuun ergaa barreessaaf darbuu barbaade haala ifaafi cimina qabuun akka darbu qaama godhuudha. Malli kunis ogbarruutti miidhagina kan uffisuta’uu isaa kanirraa hubannuudha.

Jechamni jechoota hiika kallattiin ala qabaniin wantoota biraa yoo ibsan kan uumamuudha. Yaadni kun kan agarsiisu, jechoonniifi gaaleewwan hiika kallattiin qaban alatti wanta biraa

bakka bu’uu, walitti dhufeenya isaan gidduu jiru ibsuufi amala tokko wanta biraan buusuu yaadni keenya akka ifa ta’u godhu. Kunis, ergaan himichaa sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti fakkkattii uumuun salphaatti akka hubatamu nu gargaara. Karaabiraatiin, malli dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi si’aayinummaa yemmuu kennu argina.

Karaa biraatiin, Warrinnier(1982:352) irratti yoo ibsu ammoo,“It is figuratives when it immaginative rather than factual’’ jedha. Haaluma kanaan, malleen dubbii fayyadamuun haala salphaa ta’een ergaa barbaachisaa ta’e barreessaan itti gargaaramuudha. Yaadni kun kan ibsu, dhugummaa yaadaa tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti kan mul’isu ykn kan kaa’uudha. Akkasumas, malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba.

Addunyaan (2013:208) yoo ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta’een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha. Yaada kanarraakan hubannu malleen dubbii asoosamichaa keessatti qaama barbaachisaa ta’ee haala salphaa ta’een ergaa kan dabarsuudha’’jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, mala dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda’utti salphisee dhiheessuu danda’uudha. Kana jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hin taneen kandabarsuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta’ee ergaa barbaachisaa ta’e haala dubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf ittifayyadama. Haaluma kanaan, barreeffama asoosamaa keessatti bifa garaagaraan ka’a. Akkasumas, barreessaan jechoonni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan fayyadanis hojiiwwan uumee fi kanneen birookeessatti akkasumas barreeffamaafi afqunnamtii keessati malli dubbiifaayidaa adda addaa qabu.

Gama biraatiin, malleen dubbiittikan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootadha. Kunis kan dubbatu dubbisaa keessatti, kan barreessu ammoo, barruusaa keessatti fayyadama. Kana jechuun, dubbiin nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf nigargaarama. Afaan barreeffamaa keessattis barreessaan barruu isaa keessatti mala dubbii kana kan fayyadamuuf

barreeffamni isaa dubbisaa biratti fudhatama akka argatuufi miira dubbistootaa harkisuun sammuu keessatti suuraa akka ka'uu danda'utti itti kuulee kan dhiheessuudha.

### 2.1.3 Gosoota Malleen Dubbii

Fayyadama afaanii irratti hundaa'uun barreessaan ogbarruu malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa'u. Akaakuuwwan isaan kunneen, warra kaan caalaa hojiiwwan ogbarruu keessatti faayidaa hedduu kan qabaniidha. Kunis ergaa dabarsuurratti waan ta'eef ergaaa hubachuuf ammoo, gadi fageenyaafi kallattii garaagaraan ilaaluun barbaachisaadha.

Malleen dubbii kunis, ogbarruu barreeffamaas fayyadama afaanii asoosama keessatti barreessaan gargaarame haala akkamiin hawaasni itti gargaaramaa akka jiru ibsuu danda'a. Afaan hunduu mala dubbii kan fayyadamuufi garuu, afaan garaagaraa ta'uun akkaataa fayadama isaa garaagara akka ta'u taasisa.

Walumaa galatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haaqabaatu iyyuu malee, yaada kalaqaa yookaan haala nama hawwatuun fakkii wantootaa, xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suuraa kaasu. Kun ammoo, namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaa ta'een  akka hubatuuf isaan gargaara. Ogbarruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kan kana fakkaatan gadifageenyaan ibsa. Kana malees, malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay'ee murteessaadha.

Gosoonni malleen dubbii: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemiti, fakkoommiifi walqabsiisa fa'i. Gosoota mala dubbii kana irrattis ibsi beektota garaagaraa akka armaan gadiitti dhihaate.

#### 2.1.3.1. Akkasaa

Akkasaan dorgomsiisaa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, gaha, amma, caala jedhaman gargaaramuun waldorgomsiisa. Akkasaa yeroo hundumaa jechoota akka barreessaan wanti tokko akka waan biraa akka ta'eetti fayyadamuudha. Haaluma kanaan, wantoonni waldorgomsiisamanis gosaan adda adda. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa. Karaa biraatiin, maladubbii kan waan lama haala walfakkii muraasaan kan waldorgomsisee dhiheessuudha. Kana jechuun, walfakkeenyi wantoonni waldorgomsiisaman guutummaa guutuu ta'uu yoo baateyyuu,waa muraasaan kan walfakkaatan ta'uun ibsamuu

danda'u. Sababnisaas, wanti guutummaan guutuutti tokko ta'e hinjiru. Kana ilaalchisee, Melakne (2006:65)"Simile is afigures of speech in which a comparison is expressed by the specific use of a word or phrase such as like, as , than, seem or favorite 'as if " jechuun kaa'a.

Akka yaada hayyuu kanaatti, malli dubbii kun jechoota akka ,fakkaata, akka ,irra jedhaman muraasatti fayyadamuu isaa ibsa. Akkasumas, Addunyaa (2013:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcina qabuun dhiheessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisuudha". Kana jechuun wanti walbira qabnee dhiheessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'ee ta'uu akka qabu ibsa.

Karaabiraatiin, ammoo, dubbii qolaa akkasaa kana yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya wantootaan walbira qabuun kan madaalaa deemnuudha. Kunis haala dubbisaa hawwachuu danda'uun ta'uu qabu. Kana ta'uu baannaan, dubbistoonni yaada burjaaja'e horachuu danda'u.

#### 2.1.3.2.Iddeessa

Iddeessi gosa mala dubbii ta'ee wantoota walhinfakkaanne lama waldorgomsiisuuf fayyadamuudha. Innis, wanta tokko wanta walhinfakkaanne yookaan walhin ilaallanneen bakka bu'uu isaa ibsa. Kana jechuun wanti amalaan bifaan gochaafi kanneen biroon walhinqabanne bakka walbu'uun kan umamuudha. Kana jechuun iddeessi wanti tokko waan biraa ta'uu isaa kan ibsuufi kan barreeffamni sun jedhe akka hin taanedha. Haaluma walfakkaatuun, barreessaan waan tokko bakka waan biroo buusee ykn waanuma sana taasisee waamuun hiika dhokse mul'isa. Innis dorgomsiisaa wantoota walhinfakkaanneedha.Yaada kana ilaalchisee hayyuun Hudson. (1980) akkas jechuun ibsa,"Metaphor isthe transfered senseof a physical word; the personification of anabstraction; the application of a word or collocationto what it does not literally denote".

Yaada kana irraas kan hubatamu iddeessi jecha yookaan mala yaada miira qaama keenyaa ittiin ibsinuudha. Karaabiraatiin, iddeessi akkaataa dubbii, himoota ,mammaaksotaafi jechamootaatiin ibsamuu danda'uudha.

Fayyadama afaanii keessatti iddeessi amala waan tokko qabu guutummaan guututti wantoota biroof kennuudha. Karaabiraatiin, Ricoever(1975:28) akka jedhutti, " Metaphoris possible only because of metaphor presents the polarity of the terms compared in an bridge form" akka yaada

kanaatti iddeessi wanta wal hinfakkaanne lama walbira qabuun isa tokko ibsuuf isa tokko bakka buusuu akka ta'ee ibsa.

#### 2.1.3.3.Nameessa

Nameessa kan jennu wantoota nama hintaane bineensota, lubbuuqabeeyyii, lubbuu dhabeeyyii waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hundaa raawwatanitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhihaataniidha. Kunis, dandeettii barreessaan barreeffama isaa keessatti calaqqisu irratti hunda'a. kana jechuun dandeettii fayyadama jechootaa barreesichi qaburratti hunda'a. Kanas, Addunyaa (2014:211) yoo ibsu, "Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan,deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan,kan taasisu fayyadama afaaniiti" jedha.Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti amala namootaa wantootaafi lubbuqabeeyyii biroof kan kennuudha.

Dabalataan, Shaw (1972:283 ) akka ibseetti, "Nameessi amala dhala namaa bineensa, meeshaa, yaadaafi kanneen biroof kennuudha. Kun kan agarsiisu, wanti nama hintaane akka namaatti ni nyaata, dubbata, gochaawwan adda addaa niraawwata. Jedhameeti fudhatama." Kana irraa wanti hubannu, mala dubbii kana keessatti wantoota nama hintaane amalaafi gochaa namoonni raawwatan gonfachuun kan dhihaataniidha.

Gama biraatiin Meyer, ( 2008:37), "Personification is a way of speaking or writing in which inanimate object or obsattactions given human qualities." Yaada kana irraa wanti hubatamu nameessi wantoota biroof amala namaa kennuun haasaa keessatti yookaan barreeffama keessatti dhiheessuudha. kunis kan agarsiisu barreessitoonni asoosamaa mala fayyadama afaanii kanatti bal'inaan nigargaaramu. Sababni isaa, wantoota jiruufi jireenya hawaasaa keessatti nama mudatan kanneen akka gadda, gammachuu, quuqqaafi waan fakkaatan gatii calaqqisuufi.

#### 2.1.3.4.Arbeessaa

Arbeessuun waa'ee waan tokkoo dhugaan ta'ee olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuudha. Kineessuun ammoo,faallaa isaati. Kunis waan tokko garmalee xiqqeessanii yookaan salphisamanii dubbachuudha. As keessatti wantoonni garmalee guddifamanii yookaan xiqqeeffamanii ibsamaman Yeroo baay'ee kan ta'uu hin dandeenyeedha. Karaa biraatiin, wanti garmalee guddisnee yookaan garmalee xiqqeessinee ibsinu kan gurra dubbisaa biratti dhugaa hinfakkaanneedha. Yaadonni bifa kanaan ibsaman jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan

deeman ta’uu qabu. Sababnisaa, yoo kana ta’e dubbistoonni miira bareedaan simachuu kan danda’aniif. Dean (2006:50) irra akka keesseetti “Hyperbole is exagration that is based in truth.” Yaadni kun kan ibsu dhugaa jiru osoo hintaane olkaasuun dhiheessuudha.

Karaabiraatiin, ogbarruu kam keessatti iyyuu akaakuun mala dubbii waan fayyadamuuf hiika bifa tokkoo kennuun rakkisaadha. Hayyuudhumti kun dabalee yoo ibsu “Arbeessuun akaakuu mala dubbbii ta’ee gurra guddisuun yookaan ukukkubsuun xiyyeeffannoo uumuuf nifayyada” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, arbeessuun ogbarruu barreeffamaa keessatti yaada tokko yookaan barreeffama tokko xiyyeeffannaan akka itti kennamu kan godhu ta’uu isaa irraa hubana.

Walumaagalatti, mala dubbii kana asoosama keesatti bal’inaan waan argamaniif miira dubbistoota asoosamaa harkisuufi namoonni xiyyeeffannaan isaanii ogbarruu barreeffamaarratti keessumaa asoosmoota dhangala’oo irratti akka ta’u kan godhuudha. Sababni isaa wanta hawaasa keessa jiru hunda kan mul’isu waan ta’eef.

### 2.1.3.5.Fakkoommii

Fakoommiin mala dubbii asoosama keessatti wanta tokko ykn dhugaa ta’e tokko karaa haala salphaa ta’een namni hubachuu hin dandeenyeen ykn wanta ifatti mul’atu tokkoon dhoksanii ykn bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Kana ilaalchisee, Melakneh (2006:146) irratti yoo ibsu “Symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality it is adominant literary device in the novel” jechuun ibsa. Kana jechuun, barreeffama asoosama keessattimala dubbii fakkoommii kan jedhamu wanta dhugaa ta’e tokko kan yaada bal’aafi waan bal’aa ta’e bakka bu’uun dhugummaa waan sanaa kan mul’isuudha.

Dabalataan, Isuma (2006:65) kitaaba isaa keessatti akka kaa’utti, “ Symbol is a thing could be an object, person, situation or action which stands for some thing else more abstract for example, our flag is a symbol of our country.” Yaada kana irraa akka hubatamutti malli dubbii kun wantoota, namoota, haalotaa yookaan gochaawwan kanneen yaadota hinmul’anne (abstract)ta’aniin kan darbuudha.

Haaluma walfakkaatuun, fakkoommii Fakoommiin yeroo wanti qabatamaan tokko bakka yookaan gocha wanta biraatiif dhaabbachuun wanta bakka bu’e sana yookaan dhimmicha haala gaariin kan ibsuudha. Malakne(1999) akka kaa’utti, “Fakkoommiin meeshaa, nama, haalaafigochaa kan kana fakkaatan irra caalaa wanta qabatamaa hintaane kan bakka bu’uudha.

Fakkeenyaaf, alaabaan keenya mallattoo biyya keenyaati.” Yaadni kunis akkuma barreessaan kun ibsetti wantoonni lama akka jiraniidha. Irracaalaa ammoo, kan bakka bu’u sun yeroo baay’ee qabatamaa kan ta’eefi garuu arguu kan dandeenyu ta’ee kan bakka bu’ame garuu, yeroo baayee arguun kan hindandeenyeefi qabatamaa, fakkoomni ogbarruu yaada barreeffama ogbarruu keessatti kaa’uun kan walqabatuudha.

Kana ilaalchisee Meyer (1999:215) yoo ibsu, “ Malli dubbii ogbarruu barreeffama tokko keessatti akkamiin akka fayyadamneen kan murtaa’uudha.” Jedha. Kana jechuun, barreessaan ogbarruu ergaa isaa halluun, meeshaan, maqaan, akaakuu fakkoommii bal’ina hiikaa irratti hundaa’uun kan qoodan jiraataniyyuu, mataduree qorannaa kanaan kan walqabatu akka James (1997:760) qoodeetti ilaaluun ni danda’ama. Isaanis, fakkoommii waliigalaa, fakkoommii akka galumsaa, fakkoommii aadaa fakkoommii dhuunfaa fakkoommii dhaabbata tokkoofi fakkoommii ogbarruuti. Jedheeti qoode isaan kana keessaa fakkoommiin ogbarruu barreeffama tokko keessatti akkamiin akka fayyadamneen kan murtaa’uudha. Kana jechuun, barreessaan ogbarruu ergaa isaa halluudhaan meeshaadhaan, maqaadhaan  yoomeessaafi kaneen biroon gara alkallattiin ibsuu danda’a. Kanaaf, fakkoommiin ogbarruu, fakkoommii kanneen biroo nidabalata.

Walumaa galatti, fakkoommiin meeshaa nama bakka yookaan muuxannoo kan wanta biraa bakka bu’u, kan bakka bu’amu sunis yeroo baay’ee qabatamaa kan hintaaneedha. Fakkoommiin yeroo baay’ee wantoota yaada bal’aafi waan baay’ee ta’an bakka buusuun ittiin ibsinuudha. Akkasumas, barreessaan asoosamaa fakkoommiitti gargaaramee ergaa isaa haluun meeshaan yoomessaafi kanbiroon dabarsachuu danda’a.

#### 2.1.3.6.Eemitii

Eemiti keessatti ammoo, wanti raawwatamudhugaa qabaatus haalli duubaan jiru faallaa isa jedhamuuti. Wantoota sirriifi sirrii hintaaneetu walfaana hiriira jechuudha. Kun ammoo, aadaa keenya keessatti fuggisoo jedhama. Gama biraatiin, Shaw(1972:275) “Eemitii keessatti ergaan darbuu barbaadame kallattiin osoo hin taane faallaadhaani. Hima yaada walfaallessu garuu, kan dhugaa ta’eedha” Jedha. Kana irraa kan hubatamu, gochi yookaan  wanti eemiti keessa jiru kan wanta walfaallessu lama ofkeessaa qabaachuu issaaniiti. Barruu kana keessaa bakka muraasatti malli dubbii fuggisoo nimul’ata.

### 2.1.3.7.Walqabsiisa

Malli dubbii kun mala dubbii keessaa tokko ta'ee haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti beekaman kanneen akka: aadaa, safuu, amantii, duudhaa kan ittiin walqabsiismanii ija barreessaatiin ibsamaniidha. Kanas, yaada hayyootaan yoo deeggaramu "Ogbarruu keessatti barreessaan yaada barreessu sana waan biroon walqabsiisee, barreessuu danda'a. kunis, aadaan, siyaasaan,jiruufi jireenyaan, amantiin, haala uffannaan, iddoonta'uu danda'a. Haata'umalee, kana beektoonni karaa sadiin ilaalu: Walqabsiisa seenaa, walqabsiisa aadaa, walqabsiisa amantii jedhu." (Fedhasaa, 2013:97-99).

Kanneen armaan oliitti caqafaman kana yemmuu ibsaman, walqabsiisa seenaa jechuun, barreessaan tokko barreeffama isaa keessatti wantoota seenaan walqabataniin akkaataa walqabannaasaatiin barreessuu danda'a. Walqabsiisa aadaa keessatti aadaan naannoo tokko tokko maal akka fakkaatanillee barreessaan asoosama isaa keessatti dhimma bahuun barreessuu danda'a. Walqabsiisa amantii kan jennu ammoo, amantiin walqabsiisuun wantoota amantiin walqabatan keessa galchuun ergaa dabarfachuu barbaade dhimma bahuu danda'a.

Walumaa galatti, malli dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee kan namoonni yaada mataa isaanii ilaalcha isaaniifi miira isaanii kan ittiin ibsatan fayydama dubbii kanaani. Malli kun wanta tokko kam biraan waldorgomsiisuun, akkeessuufi fakkeessuun, kan nama hintaaneef amala isaa kennuun akka namaatti akka waan nama ta'etti dhiheessuu, waan tokko garmalee xiqqeessuun yookaan garmalee guddisuun haala nama amansiisuu hin dandeenyeen dhiheessuudha. Kana hundaaf humna kan qabu malleen dubbiiti.

Barreeffama qorannoo kana keessatti irra caalaatti malleen dubbii gosa gosaan nimul'atu. Isaan kunis miira dubbistootaatti kan dhihoo jiraniidha. Akkaataa jechoonni mala kanaaf qinda'anillee midhagina kan qabaniidha. Barreessitootaaf bareeffamni isaanii hawwataa akka ta'u godhu. Kana jechuun, barreeffama kana namni dubbisu akkaataa jechoonni mala dubbii uumuu danda'aniifi dandeettii barreessichaa jara kana irratti xiyyeeffachuu isaa kan mul'isu ta'uu isaa irraa hubanna. Kanamalees, barreessaan malleen dubbii kana haala salphaa ta'een jechoota kallattii irraa maqaniin bifa hiika dhokataa dabarsuu danda'uun suuraa kaasuu danda'auun jechoota kalaqa barreessaa ta'aaniifi haala galumsaan beekamanitti gargaaramuun namoota, wantoota naannoo, bineeldota walqabsiisuun akkeessee, fakkeessee, amala kennee kan haala nama hawwachuu danda'utti kan dhiheessuudha.

### 2.1.4.Mammaaksa

Mammaaksi afaaniin kan dubbatamu ta'ee ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isuudha. Akkasumas, mammaaksi jireenya uummataa wajjin kan walqabatuudha. Dhimmoonni uummata ilaallatan hunda ofkeessaa qaba. Dhimoonni kunis, wantoota naannoo sanatti argaman waliin walqabsiisuuf kan mammaakamuudha. Mammaaksi dhimmoota waliigalaa kanneen akka haala qilleensaa, nageenya uummataa, aadaa, amantii, seeraafi seenaa jireenya maatiifi kaayyoo adda addaaf mammaakama. Mammaaksi haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin walqabsiisuun dhimmoota hawaasaa keessatti argamu kan of keessatti qabatuudha.

Gama biraan, mammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi muudannoo, aadaafi duudhaa, siyaasa ibsuuf gargaaramna. Haaluma kanaan, namoonni dubbii isaanii gabaabsuun akkasuma. Barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessaan mammaaksa nigargaarama. Barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatuufi miira namaa akka kakaasu godhu. Kunis, yaada bal'ina qabu tokkko walitti qabee dimshaashessuun bifa dabarfatuudha. Mammaaksi afaan tokko keessatti haala afaaan biraa keessatti mammaakamuu qabu tokko miti. Sababni isaa ergaan mammaaksaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni kallattiin afaan biraarraa fudhee itti kennu miti. Walumaagalatti, afaan kamiyyuu keessatti mammaaksi faayidaa qaba

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA

## Seensa

Mataduree kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuuf mala qorattuun fayyadamtudha. Isaanis: saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda raga qorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa odeeffannoofi mala qaaccessa ragaalee ofkeessatti kan qabateedha. Akkasumas, malli qorannoo kun haala wantoonni irratti argaman ilaalchisee odeeffannoo qabatamaa kennuufis nigargaara.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannichaa ibsuuf akka Addunyaa(2011:63) barreessetti,"Saxaxni qorannichaa waliigalaa qorannichaa to'ata. Kunis, qorannichi maal fakkaata, maalirratti bu'uureeffate gaaffiiwwan jedhan irratti saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu,'' jechuun kaa'eera.

Haala ibsa kana irratti hundaa'uun, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi akkaataa fayyadama afaanii haala asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' keessatti xiyyeeffatu akkaataa dubbiiwwan qolaan, himoonni dhihaatan, faayidaadhaaf oolanii jiran kan akkamiitii isaanii qaaccessuuf waan ta'eef saxaxni qorannichaa addeessaadha. Kan ibsame xiinxala barruu ta'uu isaarraa kan ka'e, mala akkamtaatiin (qualitative method) kan ibsameedha.

Qorannoon kunis, kitaaba asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' keessatti fayyadama afaanii irra caalaatti asoosamicha keessatti mul'atan funaanuun mala ittiin dhihaatu qaba. Haaluma kanaan, qorannoon kun akkaataa fayyadamni afaanii itti dhihaateefi madda odeeffannoo irraa xiinxalaan funaanuun qabata ogbarruu saayinsiitiin walbira qabuun kan xiinxalamuudha.

Sababni kunneen ammoo, hojii qorannichaa kan mala ibsaafi mala xiinxala barruutiitiin dhimma bahamudha. Malleen kanneen filachuun kanbarbaachiseefis qorannoo kana gadifageenyaan ibsuuf waan gargaaraniif.

## 3.2.Mala Qorannichaa

Malli qorannoo asoosama matadureen isaa 'Kudhaama Jaalalaa' keesssatti qorattuun qorannoo kanaa kan gargaaramtu mala akkamtaati. Sababa mala kana filatteefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadifageenyaan hubachuu irratti gahe guddaa kan taphatu waan ta'eefi.

### 3.2 1. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaabilee asoosama Afaan Oromoo yeroo dhihoo as barraa'e kan Abrahaam Tasfaayee maxxansa afuraffaa kan bara 2018A.L.A. mataduree 'Kudhaama Jaalalaa' jedhu irratti xiyyeeffate. Filannoo irraawwatama qorannichaa ta'ee kan jiruudha. Sababni isaa, ragaan barbaachisu asoosamicha gadifageenyaan dubbisuun kan funaaname waan ta'eef.

### 3.2.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, qorattuun qorannoo kanaa qaaccessa haala fayyadama afaanii asoosama mataduree 'Kudhaama Jaalalaa' jedhu irratti kallattumaan sakatta'a asoosamicha irratti waan gaggeessituufi. Dabalataanis, kitaabota adda addaa dubbisuun akka ragaatti fayyadamti.

### 3.2.3. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, isaan dhiheenya kana barra'an hunda isaanii irratti qorannicha adeemsisuun ulfaataa ta'uurra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan taheef iddattoo filatamerraa odeeffannoo argamuun bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama,'' jechuun Addunyaa(2011:65) akka ibsutti qorattuunis kitaaba 'Kudhaama Jaalalaa' jedhu keessatti mala iddatteessuu mit carraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun kanfilameedha. Akkaataa fayyadama afaanii asoosama kana keessatti caalmaan argamu addaan baasuun qaacceffameera.

Haaluma kanaan, qorattuun qorannichaa mala iddattoo mit-carraa keessaa, iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma baate. Sababa mala kana filatteefis, mala iddatteessuu kaayyeeffataan beekumsa dhimmicha irratti qabdurraa kaatee kanneen odeeffannoo irraa argachuu dandeessu murteessuu ilaallata.

Kanaafuu, qorattuun kaayyoowwan ishee fayyadama afaanii adda baasuufi xiyyeeffannoon fayyadama afaanii kun maalirratti akka ta'e kan jedhurratti hundaa'uun kallattii adda addaan xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta'a kitaabaa gochuun qorattuun qorannoo ishee gaggeessite.

### 3.2.4. Meeshaalee  Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko adeemsifamu keessatti ragaan yookaan odeeffannoon qorannoo bu'uurumaan malaafi meeshaalee ittiin funaanuu qaba. Yaada kanarratti ragaa hayyootaan yoon deeggaramu, Dastaa (2013:83) "Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama. Ragaan yookaan bu'uura qorannoo ta'e kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qaba.''Jechuun ibsaniiru. Yaada kana bu'uura godhachuun odeeffannoon qorannoo kanaa kitaaba asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' keessatti fayyadama afaanii mul'atan funaanuun waan qaaccessuuf meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dookmeentii gaggeessuun qorattuun meeshaa funaansa odeeffannoo gargaarame keessaa asoosama  filatame irra deddeebi'uun gadifageenyaan erga dubbiseen booda ragaalee qorannichaaf gargaaran: fayyadama afaanii asoosamicha keessaa irra caalaatti kan barreessichi itti gargaarame hojiikoof ragaa ni ta'ukan jedhu adda baasee fudhachuudhaan qorannichaaf dhimma ba'a.

### 3.3. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan gahuuf itti gargaaramu odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta'a barruu kitaaba asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' gadi fageenyaan dubbisuufi kitaabota biyya keessaafi biyya alaa addaaddaa sakatta'uun yaada hayyootaan dhugoomsuun saayinsawaa taasisuudha. Akkasumas, qorannoowwan mataduree kana irratti afaan biraan kanaan dura dalagamantu fudhatamee sakatta'ama.

Walumaagalatti, adeemsi funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf kitaabni asoosamaa dhimma qorannichaa kallattiin ilaallatuufi kitaaboleen yaada hayyootaan deeggaraman niilaalamu.

### 3.4. Mala  Qaaccessa Ragaalee

Malli ragaaleen itti qaacceffamus ragaaleen erga funaanamanii booda garee gareetti qooduun hiikamanii ibsa itti kennuun qaacceffama. Kana keessattis malli filatamu mala akkamtaadha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala  haala fayyadama afaanii asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' mataduree jedhu irratti xiyyeeffate. Ragaaleen  funaanaman erga qaacceffamanii boodas dhumarratti, cuunfaa, argannoofi yaboon niibsamu.

## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA DHIYEESSAAFI HIIKA RAGAALEE

### 4.1. Ibsa Gabaabaa Asoosamichaa

Obsaan nama haadha deessee hin beekiin guddatefi nama harka haadha biddeenaatti guddatedha. Haati Obsaa Obsaan dhalatee waggaa sadiitti sababa abbaan Obsaa dubartii biraa irratti fudheef jecha jalaa baatee badde. Erga haati isaa jalaa baddee, Obsaan harka haadha biddeenaa isaatti dararama cimaa fi rakkina heedduu keessa jiraachaa ture. Sababa Obsaan barumsa isaatti qaxalee ta'eefis haati biddeenaa isaa nijibbiti. Namoonni naannoo sanaa haadha Obsaa beekan garuu Obsaa heedduu dinqisiifatu. Abbaan obsaas fedha haadha biddeenaa Obsaa kana guutuuf dhama'a malee Obsaa ilma kooti, haadha hin qabu jedhee guyyaa tokkoyyu hin yaaduuf. Abbaa Jaldeessoo yookiin maqaa isaanii duraanii Obbo Raggaasaa kan jedhaman jaarsa dadhaboo yeroo hunda karaa fuldura cinaa mana barumsaa fi mana amantaa dura taa'anii kan kadhatanidha. Abbaan Jaldeessoo haadha Obsaa baay'ee beeku. Obsaas baay'ee jaallatu. Yeroo hundaa yeroo obsaan gara mana barumsaa deemu ofitti maqsanii kan namni isaaniif laatu irraa shaayi dhugi jedhanii qarshii tokkos haataatu qarshii lama harka Obsaa keessa kaa'aniifi eebbisanii gadhiisu. Seenaa haadha Obsaas tokko lama jedhanii Obsaa ofitti waamanii itti himu. Fedhiin barattuu mana barumsaa Obsaan itti baratuutti. Achumatti walbaran, isheenis barnoota isheetti qaxaleedha. Jaalalaas waliin eegalani. Obsaanis jaalala Fedhiin qabatee mana haadha biddeenaa isaatii baqatee hoteela gale. Fedhiinis haati Obsaa baddee jirtu akka argamte Obsaatti himte. Obsaanis gammadee jaalalli inni Fedhiif qabu heedduu dabalaa deeme. Haati Obsaas ni argamte, dhumarratti Obsaanis haadha isaa ni argate. Kanumarraan ka'ee;

Obsaanis"JAALALAN JAALALAAN DHABE JAALALAAN ARGADHEERA"jedhe.

## 4.2. Dubbiiwwan Haalawwaa Barreessichi Itti Fayyadame

### 4.2.1. Akkasaa

Akkasaan dhimmoota lama kanneen uumameen tokko hin taane gidduutti akka fi fakkaata jedhaman fayyadamuun gocha, bifa yookiin amala isaanii wal bira qabuun waliin madaalee haala sammuu namaa keessatti fakkii uumuu danda'aniin kanuumamudha. Haaluma kanaan barreessaan asoosama kanaa akkasaa gargaaramee jira.

"Akka saree hidhaa teessuu naaf darbatan nyyaadhee dhowwannaan marmaradhee rafuu kanan shaakale daa'ima ta'eeni" jedha(fuula 6). Kunis saree fi nama walfakkeessuun Obsaan akka saree yoo laatanif nyaatee yoo dhowwatan marmaratee rafuu isaa ibsa.

"Ijoolleen umurii akka keetii akka wicii lukkuu bobaa haadhasaanii jala galanii

Jaalala haadhaa dhamdhamatu siingaruu jireenya jiraachuu dhiisuurra hinjirree

maaf si affeerte? Uumamni?"jedha(fuula8).

Dubbiin qolaa kunis barreessichi ijoolleen hiriyaa Obsaa ta'an akka cuucii handaaqoo bobaa haadhasaanii jala kan galanii gammadaa jiraataniifi Obsaan immoo jireenya yaraa jiraataa akka jiru ibsuuf akkasaatt idhimma ba'e jira.

Obsaan yeroo abbaan isaa mana yaalatti deemee akkam taate jedhee gaafatu:

Akka qeeransa lola kejjeele rifeensi ka'e na ijaajje" jedha(fuula 112). Yaadni kun kan ibsu, Obsaan aarii abbaa isaa irraa qabu ibsachuuf akka qeeransa jedhe qeeransatti of fakkeessuun yaada isaa akka ibsate nu hubachiisa. Kunis barreessaan asoosamichaa gosa dubbii qolaa akkaasa "akka"jedhuti garfaaramuun argayaadauumuuisaamullisa.

### 4.2.2.Nameessa

Nameessi akkuma maqaan isaa ibsutti gosa malleewwan dubbii qola ta'ee amala, fedhii, gochaa fi haala ilma namaa qofa ta'ee uumama biraaf kennuun kan adeemsifamudha. Gosa dubbii qolaa nameessa asoosama kana keessatti yoo ilaallu, Obsaan haati biddeenaa isaa yeroo utubaatti hiitee barbaree haarsitu,

"Suuraan haadha koo suuraa keessaan goree ija jaalalaan nailaala"jedha(fuula 56).

Yaada kanarraa kan hubannuu Obsaan suuraa haadha isaa akka waan nama ta'ee ijaan ilaalaa jirutti dhiyeessuu isaa agarsiisa. Barreessaan kunis gosa dubbii qolaa nameessa fayyadamee suuraa haadha Obsaaf amala namaa kenneefii ibseera. Obsaan yeroo xalayaa haadha isaa dubbisee gammachuun guutamu,

"Dhiigni qaqqabbaan jiita'ee kantaree hidda dhiigaa keessaa ciisu dammaqee daandiitti deeb'ee deemsa eegale" jedha(fuula 56). Akka yaada kanaatti kan hubannuu, Obsaan dhiigni isaa reebichaan kantaree ciisee ture akka namaatti ka'ee miilaan deemsa eegaluu isaa hubanna. Kunis barreessichi gosa dubbii qolaa nameessaatti gargaaramuusaa mullisa.

### 4.2.3.Arbeessuu

Arbeessuun gosa dubbii qolaa keessaa tokko ta'ee dhugaa jiru irratti garmalee dabaluun olkaafamee akka dhaga'amuuf kan dhiyaatudha. Arbeessuun kunis asoosamicha keessatti yooifu, Obsaan waa'eejireenya isaa humnaa ol akka yaadu ibsachuuf,

"Boquu gadi cabsadhee galaana yaadaa keessatti ofdarbadhee harkaafi miilaan daakaa dhaqee yommuun moora mana barumsaa ga'u, sagaleen Obsaa koo jedhu qabee keessaa na base" jedha(fuula 12).

Yaadni kun kanibsu namni hamma fedhe yoo yaades galaana yaadaa seenus harkaa fi miilaan daakaa akka hin deemne waan mullisuuf gosa dubbii qolaa keessa arbeessuutuu mullata. Kanaafuu barreessichi akka waan Obsaan harkaa fi miilaan galaana yaadaa daakaa deemuutti olkaasee dhiyeessuun gosa dubbii qolaa arbeessuutti gargaaramuusaa mullisa.

Obsaan seenaa haadha isaa yeroo abbaan Jaldeessoo itti himaa oolan haadha biddeenaa isa biratti yoo ta'ee yaadu,

"Seenaan guyyaa dhaga'aa oole gurra keessaa na bilbila" jedha(fuula 56).

Yaadni kun kan ibsu seenaan Obsaan dhaga'aa oole akka waan yeroo inni dhaga'ee hin jirretti gurra keessaa bilbiluu olkaasee gurra guddisee dhiyaachuu isaati. Kunis barreessichi malleen dubbii qolaa keesaa arbeessuutti gargaaramee ergaasaa kana ibsuusaa mullisa.

Obsaan yeroo Fedhii waliin heedduu wal jaallachaa turanitti akka isheen jaalala isaan miidhamte ibsuuf:

"...danuu boo'uu irraa kan ka'e ijishee diimatee barbadaa ibiddaa caaleera. Guntunniishee lachanis uffata keessaa ba'anii bakkee keessa labu"jedha(fuula 45).

Yaadni kunis mala dubbii qolaa arbeessuutti fayyadamee ifa ta'uu isaa hubanna. Kunis fedhiin heedduu boo'uun iji ishee yoo diimateyyuu barbadaa ibiddaa caaluu akka hin dandeenye; akkasumas, guntunni ishee yoo mullataniyyuu uffata keessaa ba'anii bakkee labuu waan hin dandeenyeef arbeessuutti fayyadameesaa hubanna.

### 4.2.4.Habalaka

Habalaka jechuun gosa dubbii qolaa keessaa tokko ta'ee faallaa dhimma kallattiin dubbatamuu yookiin ibsamu sanaati. Kunis akkanumatti irra yookiin gubbaa isaa yoo ilaalan kan jajjabeessu, deeggaruufi jaju fakkaata.

Obsaan haati biddeenaa isaa qoricha nyaachisnaan yeroo dhukkubsatee mana yaalaa

Ciisuu abbaan isaa ilaaluu deemee Obsa isheen harka ittiin hantuutaf summii keesse hin dhiqatiin hafte malee........jedhee itti dubbatu,

"Hahaha........ba'eessa dubbatta abbaakoo! dubbannaan kunoo akkanatti" jedha(fuula 113) kunis kan ibsu irra keessa yoo ilaalan waan jajjabeessu hanqina isaa kan haasa'u ta'uu mullisa. Kana yoo jennu Obsaan abbaa isaan ba'eessa dubbatte qeeqa jedhu waan deggeru fakkaate keessiisaa garuu ceepha'uusaa kan agarsiisudha.

### 4.2.5.Mithee

Mitiheen gosa dubbii qolaa keessaa tokko ta'ee kan yeroo irra isaa ilaalan soba fakkaatee keessi isaa immoo dhugaa ta'udha. Gosti dubbii qolaa kun asoosamicha keessatti nimullata. Innis akka armaan gadiitti dhiyaata.

Obsaan yeroo haati biddeenaa isaa fi abbaan isaa hidhanii qarabaa sibiilaan isa gugguban

"Yaa abbaakoo amma attillee qamalee bonee toltetti seente taatanii jirtu, waan hundi harka keessan jira boor garuu......."jedha (fuula 62).

Yaadni kun kan ibsu barreessichi gosa dubbii qolaa keessa mitheetti kan gargaarame ta'uu isaati kunis irra keessaan sobaa fakkaatee keessiisaa dhugaa kanta'edha. Abbaa Obsaafi haati biddeenaa Obsaa qamalee bonee toletti seenan yeroo jedhu irra keessaan soba fakkaate garuu

yoo keessa seenanii hubatan dhugumayyu isaan qamalee bonee toletti seenaan ta'aniiru. Obsaan akkuma arganittii fi bakka arganitti reebanii guggubu. Kanaafuu barreessichi gosa dubbii qolaa miitheetti gargaaramee ifa taasiseera.

Obsaanyerooabbaaisaafi Fedhiinisa waliin mana yaalaa taa'an:

"........agartee Fedhii abbaankoo kana fakkaata abbaa utuu arguu jaame, abbaa utuu dhaga'uu duude"jedha(fuula 114).

Yaadni armaan olii kun gosa dubbii qolaa keessa tokko ta'ee miithee kan mullisudha. Kana yoo jennu irra keessa waan sobaa fakkaatee garuu keessi isaa dhugaa waanta sanaa kan mullisudha.

Kunis abbaan Obsaa dhugumayyuu dhala isaa akka dhala bineensaa gochuun osoo arguu jaamuufi osoo dhaga'uu duuduu isaa agasiisa. Kanaafuu barreessichi mithee gargaaramuusaati.

### 4.3. Itti Fayyadama Jechamootaa

Jechamni jechoota adda addaa lama kan uumamuufi jechoota qindaa'an keessaa jechoota hiika addaa qabatee yaada addaafi dubbiin kan ibsamu fayyadama afaaniiti. Kana ilaachisee, Addunyaa(2014:122) akka ibsetti, "Jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u. Baay'een jechamoota Afaan Oromoo ergaa dhuunfaatti jechoonni walitti dhufan qabanirraa adda. Jechamoota kana hubachuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha." Haaluma kanaan, jechamoonni odeeffannoo kitaaba asoosama 'Kudhaama Jaalalaa' jedhu keessatti argaman qabiyyeewwan adda addaa irratti xiyyeeffatu. Kunis, sodaa, roorroofi hadhaa akkasumas, ciinqii, injifannoo kan agarsiisaniidha. Fakkeenyaaf;

-Haati buddeenaa Obsaa, eeboo arrabaa keessa dhaabde,…(fuula 28).

-Obsaan ayyaantuchatti sodaa gootaan itti siqe(31).

-Keessi isaa cinqii ulfaayee miixate,…(37).

- Harka harka namatti jechuurra darbee miilla miilla namatti jedha,(168).

-…(Ani nama lafee gatu miti.) jedhe Obsaan(fuula 209).

Fuula 28 keessatti jechama eeboo arrabaa jedhu argina. Kunis, eeboon nama waraanuuf yoo ta'u arrabni ammoo, waa dhandhamuuf gargaara. Kanaaf, arrabni qara qabaatee nama hin waraanu. Garuu, barreeffamicha akkaataa barreessaan ergaa dabarfachuu barbaaduun dhiheesse. Kana jechuun, dubbii garmalee nama tuqu, madeessuu kan arraba ta'e jechuudha. Yeroo baay'ee hawaasa biratti nibeekama.

Fuula 31 keessatti sodaa gootaa kan jedhu garee jechaa keessaa jechama jalatti ramadama. Kun ammoo, ergaa sodaa garmalee nama sodaachisu hiika jedhu qaba. Kana yemmuu jedhu sodaan bifa garaagaraa qaba. Sodaa gootaa yemmuu jedhu garuu, gootni silumayyuu goota. Wanti gootni sodaatu kan akkamiiti? Sodaa salphaa miti. Kanaaf, waan garmalee nama sodaachisuuf sodaa gootaa' jedhee gargaarame.

Fuula 37 keessatti jechamni 'cinqii ulfaayee miixate' jechu cinqamni wanta hinqabatamneedha; kan hin argamneedhas, ulfaa'uufi miixachuun dhiiraaf osoo hin taane dubartiif jedhama. Haata'u malee, ta'ii kana yemmuu duubatti ilaallu dubartiin ulfaa ishee keessatti yaaddoofi dhukkubii argitu hanga ji'a sagal gahutti nirakkatti; yeroonisaa gahee yoo miixattu ammoo, ciinqii du'aafi jireenya gidduutu ittita'a. Kanaaf, barreessaan kun haala qooddataa kanaa yemmuu ibsu miira inni garmalee cinqii keessa isaa keessaa baasuu hindandeenye, kan garmalee gidiraa itti argaa jiru ta'uu isaa ibse.

Lakkoofsa (5) fuula 168 keessatti gaaleen jechama harka harka namatti jedha kan jechu nama nuffisiisa jechuu yoo ta'u, miilla miilla namatti jedha jechuun ammoo, jecha hinbaramne yoo ta'eyyuu nama nuffisiisuu irra darbee garmalee hadhawaa hiika jechu qaba. Akka yaada barreessaan barreeffama isaa keessatti ibsuu yaaletti gochaan uummata irratti raawwatamaa jiru kan dhaabbachuu hindandeenyeefi garmalee kan uummatatti hadhaa'e, kan roorroon itti hammaate, akka hawaasaafi qotee bulaan ka'u godhe waan ta'eef, obsee dadhabee ciinca'e. Dhuma dhabee miilla miilla itti jedhe. Kan jedhuun yaada isaa dabarse.

Fuula 209 keessatti ammoo, ani nama lafee gatu miti. Jedhu keessatti jechoonni lafeefi gatuu jedhan jechama ta'u, lafee jechuun qaama keessaa isa cimaafi isa bu'uuraati namni lafee namaan kakate waan cimaa jedhe jechuudha; Amaanaadha. Kanaaf nama lafee gatu miti jechuun nama sanyii balleessu miti, waadaa cabsu miti hiika jedhu qaba. Akka yaada barreeffamichaatti ammoo, lafee gatuu isa jedhu lammii ofii ganuu, fira irraanfachuu hiika jedhuuf gargaarame.

Haaluma kanaan, Oromoon nama lafee hinganne ta'u isaafi amaanaa eeguu isaa barreeffamichi kan barsiisuudha. Qooddataan yaada kana gargaarame nama aadaafi safuu isaa eegu ta'uu isaahubatame.

Walumaa galatti, jechamoonni barreessaan barreeffama isaa keessatti armaan oliitti ibsaman yaadota yookaan ergaa sanyummaa,injifannoo, sodaa, yaaddoo,roorroofi injifannoo akkaataa agarsiisaniin ibsamniiru. Isaan kanas, eenyummaa qooddataan walqabsiisuun jechamoonni barreessichi itti gargaarame dhugummaan hawaasa keessatti jiraachuu isaa nimirkaneessa.

### 4.4. Fayyadama Mammaaksotaa

Mammaaksi ergaa alkallattiin dabarsuu osoo hintaane Sadoommii adda addaa fayyadamuun gara alkallattiin ergaa dabarsa. Mammaaksi miliqsoon kan dubbatamuufi hiika dhoksaa kan of keessaa qabuudha.

Kudhaama Jaalalaa asoosama jedhu kana keessatti mammaaksi barreessaan dhimma itti bahe hedduudha. Qabiyyee adda addaa qabaataniyyuu akkaataa hariiroo dhaamsa dabarsuu barbaadaniin yoo ilaalaman akka armaan gadiitti ta'a:

-Qoreen qoree baasu(168).

-Gufuu si dhahe irra hin darbiin itti deebi'i mil'adhuu ilaali gaariif yookaan badaaf ta'a(249).

-Gara baaterra yoo karaa dhabde malee galaaf irra hin deebi'iin irra deebitee dhugaa sifaana jiru hinqoriin(158).

Fuula 168 keessatti qoreen qoree baasu; Akka yaada barreeffamichaatti yoo deebinu qoreen qoree baasu kan jedhu. Akka fakkeenyaatti barreessaan kitaaba kanaa tooftaa itti gara tokkummaatti tarkaanfachuu qabnaadha yaada jedhu kaa'a. Kanaaf, tootaan barbaachisaa ta'uu isaati.

Fuula 249fi 158 keessatti gufuu si dhahe bira hin darbiin gaariif yookaan badaaf isa jedhuufi kara baaterra hindeebi'in jedhu keessatti lachanuu milkii agarsiisu. Milkiin kun ammoo, gaariifi badaa jedhamee beekama. Gufuun mirga keenya yoo nu dhahe milki gaarii, yoo bitaa keenya ta'e ammoo, milkii badaa yookaan gadhee jedhamuun itti amanama. Haaluma kanaan, gufuu si dhahe irra hin darbiin jedhama. Fuula mammaaksonni asoosamicha keessaa bahan 168 Qoreen qoree baasu 249 Gufuu si dhahe irra hin darbiin itti deebi'i mil'adhuu ilaali gaariif yookaan badaaf

ta’a. Fuula 158 Gara baaterra yoo karaa dhabde malee galaaf irra hin deebi’iin irra deebitee dhugaa sifaana jiru hinqoriin. Karaa baaterra hideebi’iin kan jedhu ammoo, Kanaaf, xiyyeeffannoon barreeffama kanaa milkiin Oromoo biratti iddoo guddaa akka kennamuuf barsiisa.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOOFI YABOO

### 5.1.Cuunfaa

Hojii qorannoo kanaa keessatti Itti fayyadama afaanii Asoosama Kudhaama Jaalalaa jedhu keessatti tokko tokkoon xiinxalamaniiru. Akkasumas seenaan asoosamicha ibsa gabaabaan kaa'amee jira. Tooftaawwan fayyadama Asoosamichis tooftaawwan kanneen hunda tokko tokkoon kanmullise ta'uuisaan goolabameera.

### 5.2. Arganno

Qorattuun kun hojii qorannoo kanaa yeroo hojjettetti atgannoowwan armaan gadii argatteetti.

- Tooftaawwan itti fayyadama afaanii asoosama Kudhaama Jaalalaa keessatti argaman gurguddoon; gosoota malleen dubbii, jechamoota, mammaaksa akkata'anhubatamaniiru.
- Tooftaawwan kunneenis asoosamicha keessatti yeroo qaacceffaman hanqina kan hinqabne ta'uu hubatameera.
- Dubbiiwwan haalawwaa arga yaada uumuuf gargaaran asoosamicha keessa akka jiran hubatameera.

### 5.3. Yaboo

Qorattuun qorannoo kanaa argannoo yaadota fooya'insa armaan gadi kanneen xiinxaltee keesseetti .

Maalummaa itti fayyadama afaanii hubatanii beekuun guddina ogbarruu afaan tokkoo keessatti faayidaa olaanaa qaba. Kanaafuu hojiin dabalataas qaamota dhimmi kun ilaallatuun xiyyeeffatamee irratti hojjetamuu qaba. Gama biraatiin, itti fayyadamni: malleen dubbii, jechamaafi, mammaaksi baay’inaan kana caalaatti osoo fayyadamee ogbarru oromoofi guddina afaanif bu’aa guddaa ta’uu danda’a.

## Wabiilee

Abrahaam T. Guddinaa.(2018).*Kudhaama Jaalalaa*.Johannesburg-South Africa.Raajii Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa.( 2014). *Seemmo.* Finfinnee: Far East Trading plc.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee Adiyaamee Yoordaanos.

Asafaa Tafara. (2009). *Eelaa. Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East trading Press.

Ayub Ismael. (2008). *Language use of the Jamaican and Rastofarian Community in Shashamene*.A socio linguistic study.

Brumfit C.J fi Carter.(1996). Literature in Language Teaching. London: Oxford

Dastaa Dassaalany.(2013).*Buu'ura Qorannoo*.Maxxansa 2ffaa. Addis Ababa: Far east trading plc.

Fedhasaa Taaddasaa.(2013). Suubii. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Mana maxxansaa:Suubii

Fishman, J. A. (1971). *The Relationship between Micro- and Macro – Sociolinguistics in thestudy of who speaks what language to whom and when.* In pride, J.Brork. Oxford University press.

Getaachoo Rabbirraa.(2011). *Furtuu seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 gulaallii 3ffaa.* Maxxansa 8ffaa Addis Ababa : kuraz international publishing enterprise.

Hudson, R.A. (1980). *SocioLinguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.

Harcourt Brace and C.(1994). *Harbrace Collage Hand Book* (12th ed.)

Orlando:Florida James, H.( 1997). *Pickering Literatures.* 5th Ed. London Oxford University Press. -John .E. Warrinner (1982). *English grammar and composition* (4th ). Orlando United

state ofAmerica.

Kennedy. X.J ( 1987). *Literature* . An introduction to fiction, poetry,and drama.Boston

languages in Tanzaniya: A case study of Ekinata. Bayreutn African studies.

Lyons, John,(1995), *Linguistics and Semantics* . combridge University presss stanstanford

Melakneh Mengistu.(1999). *Fundamentals of literature*. Addis Ababa: Branna Printing press.

Isuma.(2006). *Fundamentals of literature*. Addis Ababa: Adis Ababa University.

Melkaneh Mengistu (2010). *Post Colonialism and Mainstream Anglophone African Novel*. PhD. Diss. USA: VDM Publishing House Ltd.

Meyer, M (1999). *The bedford introduction to literature*. New York University of connectivat.

Ph.D thesis. Department of University of Edinburgh.

MeyerR.E. ( 2008). *Figures of speech*. Astudy and oracticing guide. USA:teaching and learning campany.

Mulugeetaa Warquu. (2013). *Itti Fayyadama Afaanii Mana Murtii Aanaa Daandii Keessatti*. Addis Ababaa Qorannaa Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfamne).

O'Grady,W. and Dobrovolsky,M.(1996). *Contemporary Linguisics Analysis, an Introduction*. 3rd (ed.) Toronto:copp Clark LTD.

Ricoever .(1975). *The Rule of Metaphor*. United Kingdom:Tylor& Trancis group.

Shaw .H.( 1972). *Dictionary of literature terms*. Newyork:Mc Grawn Hill Book campany.

Haruard University Press.

Stockwell, P.( 2002). *Sociolinguistics: A Resource book for Students*. London and New

Wiirtuu, (1995).*Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo,* Finfinnee Biiroo Aadaafi

Tuurizimii Oromiyaa.

Wolff, E. (2000). *Language and Society*. In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: an Introduction. Cambridge University Press.

## Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________